


# Hawaan Kiisii Koo Keessa

## Sirna Biiftuu



Gilooriyaa  
Delgaadoo  
Ingilaadaa  
Dhaabbata Astiroonoomii,  
UNAM, Meksiikoo



Sirni biiftuu, biiftuu fi qaamolee biiftuu  
marsaanii socho'an hunda kan qabatu  
dha: pilaanetoota, pilaanetoota dinkii,  
addeessa,bungulkattaa, qorsa,  
qaanqorsa,...irraa kan uumame dha.

Waantota sirna biiftuu keessaa naannoo  
25 kan tahan, hammi isaanii kiilomeetira  
1000 oliidha: Biiftuu, pilaanetoota  
gaasa'oo arfan, fi pilaanetoota akka-  
lafaa arfan, pilaanetoota dinkii shan, fi  
addeessa naannoo 12 fi waantota  
plaanetoota neptuuni-garasii jiran.

Qabiyyee biroon (bungulkattaa, fi dhukkee  
suudoota) baayyee xiqqoo dha.

## Uumama Sirna Biiftuu

Uumamni Sirni Biiftuu keenyaa  
naannoo wagcaa kitila 4600 ti.  
Kanas qorannoo qaangorsa fi  
reediyoo aktiivitiin hubanna.

Hundinuu duumessa gaasotaa fi  
dhukkee irraa eegalame. Dhohiinsi  
suuppernoovaa dhihootti jiru tarii  
duumessa tasgabba'a tuquun,  
kunis sababa giraavitiin  
kottoonfachuu eegaluu, umama  
beddee diriiraa fi qeella'aa kan  
wantootni hedduun wirtuu  
keessatti guuraman godha:  
Hundeebiiftuu (ka'umsa-biiftuu).

Boodarra, giraavitiin waan hafan  
harkisuun muraasa isaanii maruun  
pilaanetoota fi pilaanetoota dinkii  
uume. Kanneen hafan immoo qorsa,  
bungulkattaa, fi qaangorsa ta'an.

## Biiftuu

Biiftuun urjii dha. Innis wirtuu sirna biiftuu keessatti kan argamu fi hanga sирничай кеесаа дхиббаатама 99.9 qabata.

Biiftuun urjii hanga гидду-галиесса qabdu dha. Urjiilee baay'ee guddoon hanga harka дхиббаан каалу yoo qabaatan, kanneen baay'ee xiqqoo ta'an immoo, hanga harka kudhaniin xiqqaa ta'e qabu.

Ho'a fi ifti nuyi biiftuu irraa argannu hundinuu kan dhufan, bu'ura biiftuu bakka qaanquumaan haayidiroojini itti raawwatu dha. Tempireecharri wirtuu biiftuu digirii seelshiyeesii kitila 15 dha.

Dirreen maagineetii biiftuu, taatewwan hedduun akka ijoobiiftuu, banbanaa, bubbeewwan, fi oyrooraa babbareedoon lafarratti akka uumaman kan taasisu dha.



Kan olii: Biiftuu, teleeskooppota adda addaa, ifa dheerina dambaliwwan (halluuwwan) garaagaraa funaanuu danda'aniin kan ilaalam. Gosa ifa hedduu ilaaluun, astiroonoomerootni adeemsa fiizikaalaa hedduu akka qo'atan taasisa.

Fakkeenyaaaf, ijoobiiftuun ifa-mul'ataan (400 hanga 700 nm) dukkana yommu ta'u oltiravayoletiin immoo ni ibsa. Banbanaan Biiftuu oltiravayoleti-olaanoo (10 hanga 100 nm) fi X-reeyiin (1 hanga 10 nm) ni ibsu.

Mirga: Oyroraa. Inni sababa waldhahiinsa suudoowwan chaarja'oo Biiftuu biraa bahan fi atoomota atimoosfeerii-afaa gidduuttii kan ta'u dha. 4

Kubbaawan pilaanetoota sirna Biiftuu  
garaagaraa bakka bu'u. Fakkiiwyan  
hundarratti, hammi pilaanetootaa  
birqabaan ibsameera.



Bitaarraa  
mirgattii fi  
gubbaarraa gadi:

Bita:  
Lafa, Veenusii,  
Maarsii, Meerkurii.

Mirga: Juuppitarii,  
Saatarnii,  
Yuraanus-ii,  
Neepuunii, Lafa,  
Veenusii, Maarsii,  
Meerkurii.



Bita: Biiftuu,  
Juuppitarii,  
Saatarnii,  
Yuraanusii,  
Neepuunii, Lafa,  
Veenusii,  
Maarsii,  
Meerkurii.

## Pilaanetoota

Hiikkaan pilaanetootaa seera qabeessaan  
yeroo jalqabaaf Hagayya, 2006 Gamtaa  
Astiroonoomii Addunyaatiin kenname.

Hiikkaa kanaan Piluutoon pilaanetii  
salgaffaa ta'uunsaa hafe.

Pilaanetiin qaama:

- 1) Biiftuutti naanna'u,
- 2) Hanga gahaa giraavitii mataa isaatiin  
marfame qabu, fi
- 3) Daangaa wantoota xixiqqoo naannoo  
isaa ifa kan godhe.

Wantootni ulaagaa 1) fi 2) guutan garuu  
3) hin guunne, kanneen akka Piluutoo  
yookaan Siiresii, pilaanetoota dinkii  
jedhamu.

Sirni biiftuu pilaanetoota saddeet qaba:  
kan akka lafaa afur (Meerkurii, Veenusii,  
Lafa fi Maarsii) fi pilaanetoota gaasawoo  
afur (Juuppitarii, Saatarnii, Yuraanusii, fi  
Neepuunii).

## Qaamolee xixiqqoo

- Bungulkattaan dhakaa ykn wantoota jajjaboo biiftuutti naanna'anii dha. Hammi isaanii kiilomeetira tokkoo hanga 950 ti. Baay'inaan kan argaman qubeelaa Maarsii fi Juuppitarii gidduu, kan qabattoo bungulkattaa guddicha jedhamu keessatti dha.

- Qorsi kubbaawan cabbii fi dhukkee, qabattoo Kayipperii fi duumessa Oortii irraa ka'anii dha. Darbee darbee qorsii, biiftuu isaan baqsutti ni dhiyaatu. Qorsa baay'ee beekamoo keessaa tokko, wagga 75 keessatti si'a tokko kan nutti mul'atu, Qorsa Haalii ti.

- Qaanqorsi wantoota jajjaboo ykn dhakaa sirna biiftuu keessa deemanii dha. Yoo atimoosfeerii dachee keessa seenan meteyoorota, yookaan urjiilee furguggifamoo jedhamu. Yoo irra lafaa dhaqqaban immoo, meterooraayitoota jedhamu.

- Addeessi qaamolee pilaanetota ykn pilaanetoota dinkiitti naanna'anii dha.




Bita: Siiresiin qabattoo bungulkattaa guddicha keessatti, bungulkattaa isa baay'ee guddaa ta'ee fi pilaanetii dinkii dha. Fakkichi ifa ijoo dirra isaa irra jiru agarsiisa.

Mirga: Fiileen meeshaa yeroo duraaf qorsa irra qubatee dha, 67P/ Chuurimoov-Giraasimenko




Bita: Qaanqorsa 'La Concepcion'. Ulfaatinni isaa toonii 3 caala. Magaala Meksiikoo, Dhaabbata Astiroonoomii keessatti argama.



Bitaa:  
Qabattoo  
Bungulkatta  
a guddicha,  
Maarsii fi  
Juuppitarii  
gidduu.

Mirga:  
Qabattoon  
Kaayipperii  
orbiitii  
Neeptuunii  
garasitti  
argama.



Bitaa:  
Duumessa  
Oortaa,  
roggee sirna  
biiftuutti  
qaamota  
cabbaawoo  
tiriyooloonot-  
a qabu.

## Zoonota Sirna Biiftuu


Qabattoon Bungukattaa guddichi,  
bungulkattaa kitilaan lakkaa'aman of  
keessaa qaba. Qaamoleen kun jalqaba  
sirna biiftuu irratti uumamanii, naannoo  
kanatti giraavitii Juppitariin liqimfamu.

Qabattoon Kaayipperii qorsa  
dhibboota kumaatamaa fi qaamolee  
biroo kanneen akka Piluutoo of keessaa  
qaba.

Duumessi Oortii duumessa qaamolee  
xixiqqoo roggee sirna biiftuu irraa ti.  
Innis baay'ee nurraa fagoo fi baay'ee  
guddaa waan ta'eef, Voyeejerii 1  
(ispees-kiraafii bara 1977tti  
furguggifamte) gahuuf (irra qubachuuf)  
waggoota dhibba, gadi lakkisuuf immoo  
waggoota kumaatama itti fudhata.  
Saffisa ifaa iddo duwwaa keessaan  
(sekondii tokkotti kiilomeetira  
300,000), biiftuu irraa ka'ee  
duumessa Oortii gahuuf waggaatokko  
itti fudhata.



Fakkii hogeessa aartii  
dirra pilaaneetii pirok-  
simaa b,naannoo urjii  
baay'ee dhiyoo taate  
Piroksimaa Senuw-  
aariitti abuuramte  
agarsiisu.



Zoonii jirenyyaaf mijawaan, naannoo urjii iddoobishaanni dirra pilaanetii irratti argamuudanda'uun dha (sababni isaa tempireecharri baay'ee olaanaas, baay'ee gadi aanaas miti). Qabattoowwan magariisni fakkii armaan oliukeessaa, zoonii jirenyyaaf mijawoo muraasa sirna pilaanetii dhihoo abuuraman keessatti argaman agarsiisa.

12

## Sirna Pilaanetii Biroo

Biiftuun keenya urjiilee\* dhibboota kumaa-tamoota kitila Milki-Weyii, gaalaksii keenya keessatti argaman keessaa tokko dha. Milki Weyiin gaalaksota  $10^{11}$  Hawaa keessatti argaman keessaa isa tokko dha. Kanaaf, sirna pilaanetootaa meeqatu Hawaa kana walii gala keessa jira jettee tilmaamta?

Gaaffiin kun cimaadha. Saba-bni isaa urjiilee gosa garaagaraa hedduu-tujira: muraasni isaanii baay'ee ho'aa yoo ta'an, kaan immoo baay'ee qorru. Muraa-sni isaanii akkuma biiftuu keenyaa yoo addabahan, kaan immoo tuutaan qinda-a'anii jiru. Urjiileen Hawaa kana keessa jiran baay'een isaanii, pilaanetoota naann-oo isaaniitii qabaachuu danda'u jennee tilmaamuu qofa dandeenya.

Pilaanetii garbiroon jalqabaa kan abuurame, bara 1988 keessa dha. Dhuma 2016, 3540 pilaanetootni garbiroon beekaman.


\*Akkanattis barreeffaman,  $10^{11}$

13

# Battallee



Wantootni  
kun sirna  
biiftuu  
keessa jiruu?



Deebiin fuula-  
qopheerra jira



EYYEE



Piluutoon  
pilaaneetii dinkii  
sirna biiftuu ti

Deebii

MITI

Andiroomeedaan  
gaalaaksii sirna  
biiftuu hedduu qabu

EYYEE



67P/Churiyumoovii-  
Geraasimenkoon  
qorsa sirna biiftuu  
keenya keessaa ti

MITI

EYYEE



90482 Oorkasiin  
Wanta Neepuunii  
garasii ti

Piroksimaa  
Sentuwaariin  
urjii biiftuu  
keenyatti  
baay'ee dhiyoo ti

# Hawaan Kiisii Koo Keessa Lakk.4

Kitaabilee bebexxelleen kun bara 2016  
keessa Gilooriyaa Delgaadoo Ingilaadaan  
Dhaabbata Astiroonoomii, UNAM (Meksiikoo)  
irraatiin barreeff-amee, Istaan Kuurtiziin  
Dhaabbata Raadiyoo astiroonoomii  
Astiroofiiziksii ,UNAM (Meksiikoo)tiin irra  
deebi'ame.

Fakkiin qolarraa sirna biiftuu urjiisaa,  
pilaanetoota saddeettan, fi addeessa 130 ,  
qorsa, bungulkattaa, dhakaa/wantoota  
jajjaboo, fi suudowwan dhukkee waliin  
ogeessa aartiin kan bakka bu'e dha . Galata:  
NASA.

Fakkiwwan biroon baay'inaan NASA, ESA , fi  
kuusaa Haabil irraa ti.



Waa'ee dhimma kanaa fi mata  
dureewwan kitaaba bexxellee  
kana keessatti dhiyaatanii  
bal'inaan barachuuf, maaloo  
kana daawwadhaa  
<http://www.tuimp.org>

Hiikkaa: Toluu Biresaa,

Biqlala Tashoomee

TUIMP Waliigala Kalaqaa

